Guyyaa: 13 Amajjii bara 2019

Nuti miseensotni ABO, Konyaa Victoria, Australia, walgahii hatatamaa Amajjii 13 bara 2019 gaggeessanne irratti marii bal'aa taasisneen murtiilee fi ejjannoolee Kanaan gadii dabarsannee jirra. Qaamota dhimmootni kun ilaaluufis yaamicha keenya kanaa gadii godhnee jirra.

Ibsa gabaabaa:

Kallachaa fi gaachana ummata Oromoo kana tahe dhaabni keenya ABO dhiibbaan kara hundaan osoo irratti gaggeessamaa jiruu obsumaan kara nagaa sosso'uu filate. Hireen nagaan sosso'anii akeeka ofii ibsachuu abdachiisames akka hin gufanneef hanga deemamuu qabuu ol deeme. Nagaaf dursa kennuu isaa irraa kan ka'es, haala mormii fi diinummaan hin barbaachisne itti heddumatu keessatti balaa (risk) qabaatuu malu hunda ofitti fudhatee fedhii saba Oromoof dursa kennee sosso'e. Nagaa barbaachaaf jecha dhaabni keenya ABO hanga obsuu olitti obsee jira. Nagaa barbaachaaf jecha hanga deemamuun irraa eegamuu olis deemee jira. Obsaa fi cichomina dhaabni keenya ABO agarsiiseefis jaalalaa fi kabajaa guddaa qabnaaf.

Haa tahu malee nagaan dhaabni keenya ABO abdatee fi sabni keenya Oromoon hawwe hin kabajamne. Jigiin duula waraanaas deebi'ee haarawee jira. Ummatni keenya Oromiyaa keessaa golee hunda irraan (Baha, Kibba, Kaaba, Dhihaa fi giddu-galeessa osoo hin hafin) ajjechaan irraa hin dhaabbanne.

Obboolotni keenya waggaa dheeraaf mana hidhaa keessatti dararamaa turan ammas hireen isaanii mana hidhaatti deebisamanii dararamuu tahee jira. Tarkaanfiin hammeenyaa kun hundi dhibee durumaan ture ni hammeessa malee hin fayyisu. Humnaan rakkoo jiru furuuf yaaluun miidhaa, diinumaa, diigumsaa fi jeequmsa caalutti nu hunda geessuuf jira. Walumaa gala biyyattii balaa irraa hin dandamanne keessa galchaa jiraachuutu nutti mul'ata. Haala kana irratti marii bal'aa taasisuudhaan nuti miseensotni ABO ibsa ejjannoo kanaa gadii dabarsannee jirra:

Ibsa ejjannoo:

1fa: Mootummaan Ethiopia humna waraanaan rakkoo mudate furuuf yaaluu irraa of qabee waliigaltee Asmaratti tahe akka itti waliif galamee fi waadaan waliif seenametti daddffiin qaamni lamaanuu hojii irra akka oolchan gaafanna.

2fa: Duulli ololaa fi waraanaa nutti banamee jiru kun barbaachisaa hin turre, amma illee barbaachisaa miti. Ololaa fi lolli deemaa jiru diigaa tahuun isaa hubatamee gama hundaan daddaaffiin akka dhaabbatu cimsinee gaafanna.

3fa: Saamichi, miidhaa fi dabni maqaa dhaaba ABOtiin gaggeessamu akka nu irraa dhaabbatu cimsinee qaama dhimmi ilaalu hundaa gaafanna. Yakkamtootni daba akkasii gaggeessaa turanii fi har'as itti jiran ifatti qoratamanii, ummata biyyichaafis ifa tahee seerattis akka dhihaatan gaafanna.

4fa: Gochaalee tokkummaa saba keenyaa booressu, miira hammeessuu fi balaa egereef saaxilu cimsinee balaaleffanna. Warreen gochaa akkasii babal'isaa jiranis akka irraa dhaabbatan cimsinee gaafanna.

5fa: Jijjiiramni amma argame kun of-qusannaa takkaan malee itt-gumaacha nuti akka miseensotaatti taasisne dabalatee dhufe. Itti dararamne, qabeenyaa fi qalbii keenyatu itti bahe. Kanaaf, milkii hanga ammaatti argame kunuunsataa fi tiksataa kan nu hafeefis caalaatti tumsa barbaachisu akka jabeessinee itti fufnu waadaa seenna.

6fa: Mirgi namummaa ilmaan Oromoo kabajamuu qaba. Hidhaan ilmaan Oromoo baroota mootummoota Ethiopia irratti wal furanii keessa turan nu gahe. Hidhaa fi dararaan saba keenya Oromoo, Qeerroo fi Qarrittii obboloota keenya irraa dhaabbachuu qaba. Hamma obasamuu ol obasamee jira. Hidhaan nu gahe jedhna. Qe'ee isaanii, dachee isaanii fi biyya isaanii keessatti hidhamuun, dararamuun hinuma hin malle. Kanaaf Oromootni, obbolootni, haadholii fi abbootiin keenya hidhaa keessa jiran akka nuuf hiikaman cimsinee gaafanna.

Injifannoo Ummata Oromoof!

Konyaa ABO Victoria

Amajjii 13 bara 2019